BEEKUMSAA QABDU MAALIF GALMEESUN SIRA JIRA?

Norwayen wajiroota namoota kara beekumsa, barmootafi hojii gargaraan bayye qabdi. Yoo hayyama jireenya argatee, wajiroon kun akka si gargaru dandaanif odeefannoo beekumsa fi barmoota qabdu ni barbadu.

IMDi
Integrerings- og mangfoldsdirektoratet

OROMO

Yeroo galmooftu gaffile si dhihaatu

- afaanoota dandeesu
- sadarka barnoota
- muxannoo hojii
- wanta akamiti qooda fudhacha turtee
- fedhiile kee
- fedhiilee barnootaf hojiif qabdu

Yoo mana barnoota yookin hojii qabate hinturree ta'ee, galma'uun barbachisa dha. Warri si gorsaan mal akka ati dandeesuf hojeechu jalatu beekani karoora barnoota fi hojii si basu.

Galma'uun bu'aa inni qabu
Dhiheessii barnootaf lenjii gari ta'ee
Odeefannoon ati galmeesitu lenjii fi barnoota gaari ta'ee si barbaduf iti fayyadama. Yoo barnoota duran qabda ta'ee, barnoota kee mirkanefachuf iyyannoo dhi'eefachu dandeesa. Kunis Norway keessatti itin hojechu si dandeesisa.

Norway keessatti hojii fi sochiilee garaagara illalchise gorsa daran gaari ta'ee
Odeeffannooo wayye muxanoo hojii, sochiile qabacha turtee akasumas wanta gochu jaallatu illalchise jareen kara hojiifi sochiile Norway keesati si gorsaan beekun isani barbachisadha. Odeeffanon sunis qajeelfama sif ta'uu mijeesa.

Kun mirga keeti
Odeefanno galma’ee illaluf mirga qabda. Odeeffannoo dogogoran galma’ee sireesu akka dandaamuf tesso kanan qaama IMDi jedhamu tesso kanan quunamu ni dandeesa.

Odeefannoon galma’ee warra barnootaf jiruu si gargaran qopha male eddo biraatti hin hiramu. Odeeffannoon ati late dhiima da’oo argachuf iyyate irrattis hin fayyadamamu.

Dandeeti kee akkasiti galmeesita
Of galmmesuf lakkoofsa DUF fi furtuu si barbachisa. Furtuu kanas namoota eddo qubate jirtu kana keessa hojeetani ira argataa.Iti dabales smarttelefoo-na, nettbrett yookin komputera internetti wali hidhu danda’uu si barbachisa. Yoo smarttelefona, nettbrettifi komputera iti fayyadamtu hinqabdu ta’ee mora qubate jirtu quunami.

Of galmeesun kun naannoo deqiqa 30 fudhata.

1. Ittin seensa

Gara fuula **cv.imdinett.no** jedhu deemi
Afaan itin deebisu feetu filadhu



Ama galmeesa illalchise beeksisa si keenama. Edii odeefanoo dubiste booda, "iti fufi" isa jedhu xuqii.

Lakkoofsa DUF keetif furtuu si keename bareesi, "Uunchatti seeni" isa jedhu



Edii iti seente jetee bodee, ibsa mirkaneesu jedhu argita. Ibsi mirkaneesu kun odeeffannoon keename atamiti aka iti fayyadamu, eenyuu akka argu danda'uu akasumas mirgaa ati gedaruuf yookin haquuf qabdu hima. Of galmeesu kee dura halaa tole jetee fudhachu qabda.

Yoo mirkaanesu feete kolbaa magariisa tuqii.



2. Galmeen kana fakkata

Galmeen eddo torbaati hirame jira



Debillen ati keesa filatuu bayyen isani kan waliigalaati. Fakkenyaf gaaffii barmoota fi hojii illalchise tarii filanoo deebi keenaman keesa kan muxanoo ati qabdu waliin wal gitu argachu dhabuu malta. Kanafu iti hiquu mala jetee kan yaadu filaadhu.

3. Gaffille akka kanati debista

Galmeen kun gaffii garaagara qaba. Eddo tokko tokkoti debii tokko qopha filataa eddo kan iti imo deebi bayye filachu dandeesa.

Filanoo debiile geengoo (circle) qaban keesa tokko qopha filachu dandeesa.



Filanoo debiile rogarfee (square) qabaan keesa bayye filachu dandeesa.



Filanoo debi saxinii adii xiyya tuquudhan torra filanoo debiile argu dandeesa.

Filanoo deebilee arguf xiyya tuqii. Isa tuquudhan filanoo jiran keesa filachu dandeesa.



Yeroo gaffi tokko debistu gaffin iti aanu tokkichan mulataa. Gaafiin iti aanu garaagara ta’uu mala. Deebi ati debistetut murteesa.

Malatoon kun debii ama iyuu hindebisin jirta jechudha.

Malatoon kun gaffii gafatamte deebisu yaaltee, osoo hin deebisin isa iti aanuti ceete jirta jechudha.

Mallattoon kun gaffii gafatamte debistee jechudha.

Edii gaaffii hunda debistee bodaa, fuula iti aanu banuuf qabduu "iti fufii" jehu tuqi. Yeroo isa iti aanuti ceetu ini ati duraan galmeesiti takkuman kuufama (galmaa).



4. Galmicha afaan biraan ilaalu

Hikka galmeesu kana ol filaachu ni dandeesa. Hikkan isanis gaaffille gafataman cinaati argamu. "Translate form" kan jedhu qabduu tuqii. Yeroo sana afaan iti si hiikamu filataa. " Hide Translation" kan jedhu qabduu yoo tuqxee hikki ni dhokata. Yoo smart telefoonati fayyadamta ta'ee hikki kun hin mulatuu. Kan ini mulaatu komputera yookin nettbrettit yoo fayyadamte qopha.

5. Galmeessu irraa boqonna fudhachuu

Osoo galmeesa jirtu boqoona fudhachu ni dandeesa. Garu yoo osoo hinfixiin batee, furtu hara argachu qabda galmee kee iti fufufi.

6. Xumura

Edii gaaffii gafatamtee hunda debistee boodaa, gabassa debii keeti ni argataa. Yoo deebbii kee keesa gedaru barbadee "Sirressi" isa jedhu tuqii.

7. Galmeesu rawwadhu

Galmeesu yero fixuu "Galmeessu xumuri" isa jedhu tuqii. Galmeen kee hanga ati isa kana tuqxuuti hin xumuree jechudha.



8. Edii galmoofte booda gedaramsa ta'ee.

Yoo galmee kee galmeesite xumurtee gara fuldurati gedaru barbadee,uunkaa hara gutuu qabda.